U O E C

UNITED OROMO EVANGELICAL CHURCHES

TOKKUMMAA WALDOOTAA OROMO WARRA WANGEELAA

3901 36th Ave. S, Minneapolis, MN 55406 Tell 612-722-2363

Cell 503-267-2428 | Email: sonakamiso@gmail.com/ http://www.uoec.org

Onkoloolessa 27,2020

EJJENNOO LUBOOTA OROMOO HAALA UUMMANNI OROMOO BARA KANA KEESSA JIRU IRRATTI.

Nuti Luboota Waldoota Kristiyaanaa Warra Wangeelaa biyya aambaa keessatti gurmaa'an waamicha Waaqayyootiin adda baanee saba Waaqayyoo tajaajillu; Tokkumma Waldoota Kristiyaanaa Warra Wangeelaa Afaan Oromootiin waaqeffatan keessatti haammatamnne wangeela fayyinaa labsaa jiruudha.

Waraqaa ejjennoo kana akka barreessinuuf kan nu dirqisiise rakkina/muddama ummata keenya uummata Oromoo irraa ga'aa jiruudha. Akka Luboota uummata Oromoo keessaa dhalatnneetti wanti uummata keenya irra ga'aa jiru heddu waan nu yaadchiseefi. Hacuucaan saba kana irra jiru bara dheeraa kan lakkobsise haa ta'u iyyuu malee inni bara amma keessa jiru kana keessatti saba keenya irra ga'aa jiru isa yoomii irra iyyuu caalaa ta'uun isaa garaa keenya madeessee boqonnaa nu dhowwee jira. Guddaa kan nama yaaddessuudha. Waan ta'aa jiru kana cal jedhanii ilaaluun itti waliigaluutti waan lakkaa'amuuf itti gaafatama jalaa nun baasu jennee amanna.

Dhiittaan mirga dhala namaa; hidhaa fi dararaan seeraa alaa; nama qabeenyaa isaatiin wajjin ibiddaan gubuun; ajjeechaan; haala sukanneessaa ta'een jumlaan ajjeesuun, fannisuun, qaluun, awwaala dhorkanii reefa binensaaf kennuun, kan kana fakkate hundumaa saba kana irratti raawwatamaa akka jiru dhaga'uun heddu nama dhukubsa. Hunda kessaa immoo haadha mucaa garaatti baattu mucaa ishee wajjin, jaarsoliin waggaagota torbatamaa olii ija sukkummachuu tokko male human waraanaa mootumaa Itiyoophiyaatiin ajjeefamaa jiru. Shamarranii fi dubartoonni heddu loltoota mootummaatiin gudeedamaniiru, gudeedamaas jiru. Akkasumas Oromiyaa keessatti Luboonni Waldaa Kristiyaanaa Warra Wangeelaa, hojjetoonni Wangeelaa, faarffattonni, Jaarsoliin Waldaa, amanttoonii, Kristiyaanonni biroonis, Sheekonnii fi hordoftoonii amantaa Muslimaa Oromoo kan ta'an human waraanaa mootummaa Itiophiyaatiin gara-jabinaan ajjeefamaniiru, ajjeefamaas jiru. Samichaan, qe'ee isaanii irraa, lafa isaanii irraa ari'atamanii abbaa biyyummaa dhabanii, beelaan, daaraan, iddoo mataa isaanii itti irkifatan dhabanii akka bineensa bosona keessaa olii fi gadi jooraa jiru. Jaarsoliin Oromoo, beektota aadaa fi duudha Oromoo kan ta'an hidhamaniiru, kaanis ajjefamaniiru. Dhi'odhuma kana Lubi Waldaa Ortodoxi Afaan Oromootiin wangeela waan lallabeef ajjeefamera. Kun hundinuu guddaa nama gaddisiisa, nama boosisas.

Nuti Luboonni Waldaa Kristiyaanaa Warra Wangeelaa hundeen amantii keenyaatii fi kan nuti akka Kristiyaanotaatti ittiin jireenya keenya geggeeffannuu fi ittiin qajeelffamnnee Waaqayyoo fi nama tajaajillu Macaafa Qulqulluu dha. Macaafni Qulqulluun, Waaqayyo nama kan ta'e hundumaa akka bifa Isaatti, akka fakkaatti Isaatti ofitti aansee uume jedha (Seera Uumamaa 1:26-27; Macaafa Faarfanna 8:5-6). Ulfinaa fi guddinaan gonfee uume. Waaqayyo yommuu

U O E C

UNITED OROMO EVANGELICAL CHURCHES

TOKKUMMAA WALDOOTAA OROMO WARRA WANGEELAA

3901 36th Ave. S, Minneapolis, MN 55406 Tell 612-722-2363

Cell 503-267-2428 | Email: sonakamiso@gmail.com/ http://www.uoec.org

nama uume namni akka nagaa fi jaalalaan walii wajjin jiraatuuf fedha Isaa ture. Akkasumas uumama hundumaa irratti aboo fi itti gaafatamummaadhaan akka bulchu, akka kunuunsuuf ture. Garuu abboommi Waaqayyoo cabsuu namaa irraa kan ka'e yaadi Waaqayyo ilmaan namaatiif qabu manca'e. Isa manca'e kanaaf furmaata argamsiisuuf Waaqayyo karaa rajotaatti fi karaa namoota adda addaa moototaa fi geggeessota sabaa isaa ifateera. Fakkeenyaaf: Eliyaas raajichaa fi Ahaab mootii Israa'el (Macaafa Moototaa Isa Duraa 21:1-24). Warri tajaajiltoota Waaqayyoo ta'an akka sagalee Waaqayyootti mirga dhala namaatiif falmuuf , warra abbaan irra hin jireef, haadha iyyeessaatii fi warra sagaleen isaanii dhaga'ama dhabe hundaaf sagalee akka ta'aniif waamaman (Macaafa Fakkeenyaa 31:8-9; Macaafa Faarfannaa 82:2-4). Raajii Isaayaas 58:6-7 keessatti "warra firdii jal'aadhaan hidhaman hiikuu, hudhaa waanjoo ittii furuu, warra cunqurfaman luba baasuu, waanjoo hundumaa isaan irraa cabsuu, warra beela'an nyaachisuu, hiyyeessa olii fi gadi jooruuf iddoo bultii kennuu, isa qullaa ta'e daara baasuu" nu barsiisa.

Yohannis Cuuphaan yommuu tajaajila isaa jalqabe waan inni namoota gara isaa dhufaniin jedhe argina (Luqaas 3:10-14). "Uffata lama kan qabu kan hin qabnneef haa kennu, nyaata kan qabu warra dhabaniin haa ga'u" jedheen. Warra qaraxa fuudhaniin immoo "kan murame irra caalchiftanii hin fuudhinaa" ittiin jedhe. Warra loltuutiin immoo, "gidisiifttanii horii nama tokko irraa illee hin fudhatinaa; sobaan nama tokko iyyuu gara abbaa firdiitti hin geessinaa; mindaan keessan inni isin fudhattan isin haa ga'u" jedheen. Akkasumas Yohannis Cuuphaan Herodis mooticha ija jabinaan "Haadha manaa obboleessa kee duraa fudhachuun kee sirrii miti" jedhee ijatti itti himee jira (Maarqoos 6:18). Kana gochuu isaatiif immoo aarssaa ta'e, ni ajjeefame.

Gooftaan Yesus Kristosis jalqaba tajaajila isaatti "… sagalee misraachoo warra gadadamootti himuudhaaf na dibeera; warra booji'amanitti akka gad dhiifaman labsuudhaaf; warra jaamaniif agartuu isaanii deebisuudhaaf; warra cunqurfaman luba baasuudhaaf; waggaa ayyaana jaalala Gooftaa labsuudhaaf na ergeera" jechuudhaan tajaajila isaa jalqabe (Luqaas 4:18-19). Ergaan kun egaa nu warra har'a tajaajilaaf waamannetti kennamee jira. Phaawulos ergamaan kana irra dhaabbatee akkas jedha, "Egaa nuyi afaan Kristos taanee ergamnneerra" (2 Qor. 5:20).

Biyya tokko keessatti uummati nagana jiraachuuf mirga lammii biyyatti hundumaati jennee amanna. Biyya tokko keessatti nagaan waliin jiraachuuf uummati jireenya isaa nagaan geggeeffachuu akka dandda'u gochuudhaaf ga'een mootummaa ol-aanaadha jennee ammanna. Haala amma keessa jiramu kanatti garu kun ta'ee hin argamnne. Haala kana keessatti egaa sagalee keenya dhageessisuun kan nu irraa eegamu.

Kanaaf:

1. Waan suukanneessaa human waraanaa mootummaa Itiyoophiyaatiin uummata keenya uummata Oromo irra ga'aa jiru cimsinee balaaleffanna.

U O E C

UNITED OROMO EVANGELICAL CHURCHES

TOKKUMMAA WALDOOTAA OROMO WARRA WANGEELAA

3901 36th Ave. S, Minneapolis, MN 55406 Tell 612-722-2363
Cell 503-267-2428 | Email: sonakamiso@gmail.com/ http://www.uoec.org

2. Dhittaa mirga dhala namaa uummatoota cunqurfamoo biyya Itiyoophiyaa keessa jiraatan hundumaa irra gaa'aa jiru cimsinee balaaleffanna.
3. Tarkaanfii uummati Oromoo geggeessota akka hin qabaanneef mootummaan Itophiyaa fudhachaa jiru cimsinee balaaleffanna, atattamaans akka dhaabatu gaafanna.
4. Hidhmtoonii siyaasa Oromoo, akkasumas kan biro hundinuu hala-duree tokko malee atattamaan akka gadi dhiifaman cimsinee gaafanna
5. Haasaa itti aanaan Muumicha Ministeraa Obbo Damaqa Makonnenni fi Ulfaatoo Abuna Matiyas, Patriarchi Waldaa Ortodox Itiyophiyaa, waa'ee saba hidhachiisuu irratti dhi'eenya kana godhan sabaa fi sablamoota gidduutti ibida qabsiisuu waan ta'eef akka tajaajiltoota wangeelaatti cimsinee balaaleffanna.

Egaa, nuti Luboonni Oromoo dhiphina kana hin jedhamnne uummata keenya irra ga'aa jiru callifnnee ilaaluu hin danddeenyu. Ummanni keenya gidiraa isa irra ga'aa jiru kana jalaa akka blisa ba'u, biyya isaa irratti abbaa biyyaa ta'ee, qe'ee isaa irratti kabajamee nagaan akka jiraatuuf hawwee guddaa qabnna, akka dhugoomfamuufis cimsinee dhamaana, Waaqayyoonis cimsinee kadhanna.

Waamicha:

1. Luboonni Waaqayyo biraa waamicha arggattanii saba Waaqayyoo tajaajilttan hundumti keessan, Waldoonni Kristiyaana hundi, uumama harka Waaqayyoo kan ta'e akka bifa Waaqayyootti akka fakkaatti Isattis kan uumame kanaaf itti gaafatamtoota ta'uu keessan beekttanii (Seera Umamaa 4:9; Luqaas 10:27, 37) rakkoo fi gidiraa jechaan ibsuun nama rakkisu saba Oromootti fi saboota kan biro Itiyoophiyaa keessa cunqurffamaa jiraniif furmaati akka argamuuf yaadaa fi kadhata keessaniin nuu wajjin akka dhaabbataniif waamicha onnee irraa madde isiniif goona.
2. Akkasumas Dhaabbanni mirga dhala namaatiif falmitan hundinuu dhittaa mirga dhala namaa humna waaraanaa mootummaa Itiyophiyaatiin saba keenyaa fi saboota biro irratti raawwatamaa jiru kanaf nu waliin taatanii sagalee akka isaaniif taataniif jaalalaa fi kabaja guddaadhaan waamicha isiniif goona.

bulchi qajeelaan akka bishaaniitti, qajeelummaanis akka laga yeroo hundumaa yaa'uutti haa burqu* (*Macaafa Amos Raajichaa 5:24).

Galata wajjin.

Nuti Luboonni maqaan keenya aarmaan gaditti barreeffame hojii Waaqayyootiif addaa baafmnnee Waldoota Kristiyaanaa Warra Wangeel Oromo biyya aambaa kan tajaajilaa jirru, dhiphinni uummata Oromo irra akkasumas uummatoota kan biraa Itopiyaa keessa jiraatan irra ga'aa jiru hamma malee waan nutti dhaga'amee fi sagaleen Waaqayyoos warra sagaleen isaanii uukkaamameef sagalee akka taanuuf waan nu dirqisiisuuf: Luboonnii hundinuu; Dhaabbileen

U O E C

UNITED OROMO EVANGELICAL CHURCHES

TOKKUMMAA WALDOOTAA OROMO WARRA WANGEELAA

3901 36th Ave. S, Minneapolis, MN 55406 Tell 612-722-2363
Cell 503-267-2428 | Email: sonakamiso@gmail.com/ http://www.uoec.org

Mirga Dhala Namaa (Human Right Organizations) hundinuu akka nu cina dhaabattanii dhittaa mirga dhalaa namaa suukanneessaa ta'e humnna waraanaa mootummaa Itophiyaatiin saboota irratti raawwatamaa jiru kanaan akka mormitaaniif kabajaa guddaadhaan waamicha isiniif goona.

1, Rev/Dr Debela Birri Life Stream Oromo Evangelical Church of Chicago, IL
2, Rev Waktola Gudaya Life Stream Oromo Evangelical Church of Chicago, IL
3, Rev/ Dr Teka Fogi Resurrection Oromo Evangelical Church, Kensington, MD
4, Rev Kamiso Boru Oromo Evangelical church of Houston, Texas
5, Rev Gudata Gonja Oromo Evangelical Church of Denver, Colorado
6, Rev Alemayehu Fite: Oromo Evangelical Church of Las Vegas
7, Rev Wendemu Dabala: Light of The Gospel Church In Las Vegas
8, Pastor Antene Dhaba: Canan Oromo Evangelical Church
9, Rev Gemechis Bekele: Elshady Oromo Evangelical Church Of Washington Dc
10, Rev Alemayehu O Wedajo Oromo Evangelical Church of Washington, DC
11, Rev Alemu Sernessa: Oromo Evangelical Church of Atlanta, Georgia
12, Pastor Kansa Deresa: Oromo Evangelical Church in Columbus, Ohio
13, Rev Teshome Deinagde: Oromo Evangelical Church of Columbus, Ohio
14, Rev Kasahun Tesso : Oromo Evangelical Church of Lancaster, Pennsylvania
15, Rev Gemechis Guja : Oromo Evangelical Church of Lancaster, Pennsylvania
16, Rev Challa Gebissa Baro: Ebenezer Oromo Evangelical Church, Minneapolis, Minnesota
17, Rev Fikru Eticha: Ebenezer Oromo Evangelical Church, Minneapolis, Minnesota
18, Rev Kefyalw Amente: Power of Gospel Church in Minneapolis, Minnesota
19, Rev/Dr Mezgebu Tucho: Bethel International Oromo Evangelical Church, Edmonton, Canada
20, Rev Lami Eba: Oromo Evangelical Church of Edmonton, Canada
21, Rev Eticha : Oromo Evangelical Church of Edmonton, Canada
22, Rev Gizaw Chuta: Oromo Evangelical Church of Calgary AB, Canada
23, Rev Estifanos Gemta: Oromo Evangelical Church of Calgary AB, Canada
24, Rev Dawit Ayana: Oromo Evangelical Church of Calgary AB, Canada
25, Rev John Ayale: Oromo Christian Church of Toronto, Canada
26, Rev Desalegn Gemechu: Corner Stone Oromo Evangelical Church of Ottawa, Canada
27, Rev Eskindir Sarka: Oromo Evangelical Church of Seattle, Washington
28, Rev Yoseph Gemta: Oromo Lutheran Church of Columbus, Ohio
29, Rev Matewos T Shibo : Oromo Christian Church of Philadelphia, Pennsylvania
30, Rev Addise Ettafa: Oromo Christian Church of Philadelphia, Pennsylvania
31, Evangelist Nebiyu Esayas: United Oromo Christian Fellowship Winnipeg, Canada.
32, Rev Alemu Sombo : Living Hope Oromo Christian Church of Australia
33, Rev Dereje Dejene: Oromo Evangelical Church of Seattle, Washington
34, Rev Duressa M Teka
35: Lay Leader Mezgebu Abdisa: Oromo Gospel Church of Halifax, Canada
36, Evanglist Wasihun Gtema : EL-Shaddai Oromo Evangelical Church of Washington, DC
37, Rev Temesgen M Dabsu: Good shepherd Lutheran Church, CA (Afan Oromo Service)
38, Rev Wake Jeo Gerbi The Power of God Church in Oslo. Norway
39, Pastor Aden Kampiso Christ Kingdom Church in Phoenix, Arizona
40, Pastor Guyo Galgalo Oromo Evangelical Church of Phoenix, Arizona